Macaafa Qulqulluu Daa'immaniif Dhihaate



Waggoota Afurtama

Kan barreeffame: Edward Hughes

Kan ibsame: Janie Forest, Alastair Paterson

Kan dagaagsame: Lyn Doerksen

Kan hiikkame: Zemendale Translation Service
email: zemendale@gmail.com
Po Box 32155, Addis Ababa, Ethiopia

Kan qophaa'e: Bible for Children
www.M1914.org

©2024 Bible for Children, Inc.
Eeyyama: Seenaa kana hamma hin gugurreetti garagalfacuus ta'ee Maxxansiifacuu ni dandeessu.



Yeroo Waaqyyoo saba Israa'eliin harka warra Gibxii baase, Musen waaqeffachuun saba geggeesse. Waaqayyoo jajauuf faaruu qopheesse. "Ani Waaqayyo waan mo'ochaan guddaan natarkaanfachiiseef nan jejadha."
Museen waan Waaqayyo Israa'eliif godheef Waaqayyof faarse.

HALLEELUYAA!
ULFINN WAAQAYYOOF HAATA'U!



Lafa onaa keessatti guyyoota sadii booda sabin dheebote kuufama bishaanii arge. Bishaanichi waan hadhaawuuf dhuguu hin dandeenye. Kadhachuu irra irratti waldhaban. Waaqayyo garraamiidha.

Waaqayyos bishaanichaa gaarii godhe.

3



Jabaatanii gara fuulduraatti deemuu dhiisanii waan hundumaa irratti walkomatan." Gibxi keessatti nyaata in arganna. Lafa onaa keessatti dhaba nyataan du'uuf jenna," jechuun iyyan. Waaree booda Waaqayyo sana dimbiriqqee (sinbirroo) erge. Salphaatti in qabate.

4

Borumtaa Waaqayyo manna harcaaseef. Innis gosa daabboo ta'ee akka dammaa kan mi'aa'u. Tokkoon tokkon guyaatti mannaan waan harca'uuf sabbaabbachuuf qophaa'a.



Haala kanaan Waaqayyo saba isaa lafa onaa keessatti nyaachise.

5

Soorata isaanii haaraan argachuuf yeroo hundumaa Waaqayyoon amanan. Mannaan isaanii bu'u halkan tokko yoo bule akka alaa'u Waaqayyo jedhus namooti muraasin hamma isaan barbaachisuun ol walitti qabatan.



6

Guyyaa torffaa irra kan hafe - mannaan kaleessaa raammoon guutame. Guyyaa addaa gaafa guyyaa torbaffaa sana sabin boqonnaa fudhachuun manna kaleessaa sana nyaatan.



7

Lafa onaa keessatti Waaqayyo saba isaa walin ture. Nyaayaa fi bishaan isaanii laate – diina irraa isaan eege.

Yeroo Amaalekitootin isaan haleelan, Museen ulee Waaqayyo itti laale ol kaasuun mo'ichaan darbaa dhufan.

8



"Yoo dubbii sagalee koof abboomamtan isin anaaf saba kooti," jedhe Waaqayyo. "Jechi afaan Waaqayyoo ba'e hundumaa in raawwannaa," sabin Museetti himan. Olba'a gaaraa Siinaatti dhufanii Museen Waaqa waliin hamma wal argee deebi'utti eeganiin.

9



Guyyooya 40f Museen Waaqayyoo waliin wal arguuf gaaricha irra ture. Waaqayyo abboommii kurnan gabatee diriiraa lama irratti barreesse. Jireenya sabinisaa akka barbaadu Musseetti hime.

10

1. "Anaan alatti Waaqa tolfamaa biraa hinqabaattan.
2. "Fakkaatti kamiif iyyuu hin sagadinaa."
3. "Maqaa Waaqayyo akkasumaan hinwaamin."

4. "Qulqullumma isaa eeguuf guyyaa torbaffaa yaadadhu."
5. "Haadhaa fi abbaa keef ulfina kenni."

11

6. "Hin ajjeesin."
7. "Hin ejjin."
8. "Hin hatin."

9. "Sobaan dhugaa hin ba'in."
10. "Hin hawwin."

12



Yeroo turtii museen Waaqayyoo waliin haasa'uuf gaara Siinaa irra turetti sabin Israa'en waan badaa hojjetan. Iddoo Waaqayyoo isa jiraataatti Aaron fakkattii jabbii warqee irraa akka hojjetuuf gaafatan. Waaqayyo baayyee itti aare.

13



Saba shubbisuu fi jabbii, gabatee dhagaa lafa jiru yammuu arge, Museen itti qaana'e. Museen aaree bifa fakkaattii warqee waaqa tolfamaa barbadeesse. Namooti cubbamaan waaqa tolfamaatti waaqessan in ajjeefaman.

14

Waaqayyo gabatee dhagaa lameen bakkatti deebise. Gabtee kakuu akka ijaaruu Museetti hime - naannawaa isaaatti godoo guddaa aguuggii qaabu akka qopheessu itti hime - bakka Waaqayyo sabasaa waliin jiraatu. Bakka isaan Waaqa isaanii itti waaqessa. Utubaan duumessaa fi ibddaa akka Waaqayyo isaan waliin jiru agarsiisa.



15

Akkuma Kana'aanitti dhiyaachaa dhufaniin, biyyi Waaqayyo saba isaaf kakate ilaaluuf Museen basaastuu kudha lama erge.

16

Basaastota hundumtuu akka gaarii taate itti waliigalan! Garuu isaan keessaa naming lama Iyyaasuu fi Kaaleeb, gargaarsa Waaqayyootiin biyya kakuu isaanii qabachuu akka dnada'an amanan.

17

Basaastoti kurnan biroo ammo magaa cimtuu qabchuu waan cimaa waan ta'eef in sodaatan. "Lafa kana qabachuu hin dandeenyu," jechuun callisanii yaada mormii calaqisiisa.

Waaqayyo biyya Gibxii bilisa isaan baasuuf waan guddaa raawwachuu Waaqayyoo in irraanfatan.



18

Sabin basaastota kurnan biyya kakuu galuu isaanii yaadda'an hordofan. Iyyanii biyya Gibxitti deeb'uuf qophaa'an. Hamma Musee ajjeesuutti illee yaalii godhaniiru!



19

Waaqayyo Musee oolche. Isa booda, "Waggoota afurtamaaf jireenyaa kaayyoo hin qabne jiraattaniittu. Iyyaasuu, Kaaleeb fi ijoollota keessan qofatu biyya kakuu sanatti galee jiraata biyya isin itti galuu mamtan."



20

Waggoota Afurtama

Seenaa Sagalee Waaqayoo Macaafa Qulqulluu

kan keessatti argamu

Seera Ba'uu 15 haga Seera lakkoofsa 14

"Saaqamuun dubbii keetii ifa in kenna."
Faarsaa 119:130

21



12 60

22

Seenaan Macaafa Qulqulluu kun kan haasa'u waa'ee Waaqayyo keenya Isa dinqii Isa nu uumeefi Isa akka Isa beeknu barbaaduuti.

Waaqayyo wanta hamaa isa Inni cubbuu jedhuun akka raaw'anne ni beeka. Adabbiin cubbuu du'a. Waaqayyo garuu guddaa si jaallata, kanaaf cubbuu keetiif akka fannoorratti du'uufi akka adabamuuf Tokkicha Ilma Isaa Yesuus dabarsee siif ni kenne. Sana booda Yesuus gara jireenyaatti deebi'ee gara iddoo jireenya Isaa gara Waaqaa ni deeme! Yesuusitti amantee cubbuu keetiif akka siif dhiisuuf yoo Isa gaafatte, Inni siif ni dhiisa! Yeroo kana dhufee si wajjin ni jiraata, akkasumas immoo atis Isaa wajjin bara baraaf ni jiraatta.

Inni kun dhugaa ta'uu isaa yoo amante, Waaqayyoon akkas jedhiin: Yaa Yesuus, Ati Waaqayyo ta'uu kee fi cubbuu kootiif du'uuf jettee akka annaf dhufte nan amana, ammas kunoo deebitee ni jiraatta. Maaloo gara jireenya kootti koottuutii amma jireenya haaraa akkan jiraachuu akkan danda'uufi guyyaa tokko sin wajjin bara baraaf jiraachuuf gara kee akkan dhaquuf cubbuu kootiif naaf dhiisi. Abboommii kee akkan eeguufi akka mucaa keetti akkan jiraadhuuf na gargaari. Ameen.

Macaafa Qulqulluu dubbisiitii guyyuma hundumaa Waaqayyoo wajjin dubbadhu! Wangeela Yohaannis 3:16

23